Rabbiin gabricha (isa) sodaataa, of ga'aa, dhokataa ta'e jaallata

Sa'ad ibnu Abii Waqqaas irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhuun dhaga'e jedhe: «Rabbiin gabricha (isa) sodaataa, of ga'aa, dhokataa ta'e jaallata».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Rabbiin garii gabroota isaa akka jaallatu ibsani. isaan keessaa: sodaataa: ajaja Rabbii kan hojii irra oolchu, waan inni dhoorgu irraa kan fagaatudha. akkasuma of ga'aa ni jaallata: isa namoota irraa Rabbii guddaan of ga'e, gara isaa malee gara nama biraa kan hin millanne. akkasuma dhokataa ni jaallata: kan of gadi qabee Rabbii isaa gabbaru, waan isaa fayyaduun kan qabame, isa namni isa baruun yookaan faaruudhaan isa irraa dubbachuun isa hin yaachifne.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/5545